Biiroo Misoomaa Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa
የኦሮሚያ ከተማ ልማትና ቤቶች ቢሮ
Oromia Urban Development and Housing Bureau

Lakk B-58/206/21

Guyyaa 21/06/09

**Bulchiinsa Magaalotaa 18 tiif**
**Waajjira MMM Godinalee 20 tiif**
**Bakka Jiranitti**

Dhimmi:- **Qajeelfama Gurmaa'insa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Lakk. 17/2009 erguu Ilaala**

Qajeelfama gurmaa'iinsa waldaa Ijaarsa mana jireenyaa **Lakk. 15/2008** bahe Bulchiinsa Magaalotaa fi Wajjira Misooma Magaalaa fi Manneenii Godinaaf darbuun isaa ni yaadatama.

Haa ta'u malee qajeelfama kana keessatti raawwii hojiif akka tolu keewwattoota muraasa ta'an fooyyeessuun barbaachisa ta'ee waan argameef, Qajeelfama Lakk. 15/2008 erga sirriitti irra deebi'ame xinxalame booda Qajeelfama fooyya'iinsi ittiin taasifame **lakk. 17/2009** off egganoo cimaan akka hojiirra oolchitan xalayaa gaggeessituu fuula **2 (Lama)** kanaan walqabsifnee erguu keenya ni beeksifna

Nagaa Wajjiin!

Shimalis Abdiisaa Ulfaataa
I/A/Hogganaa Biiroo fi I/G/Damee
Bulchiinsa Gaarii fi Misooma
Manneeni

**G/G**

- S/I/A/Pireeziidaantitti Waajira Ogganaa BMMMO tiif
- Damee Misooma Magaalaa fi Magaalomsuu tiif
- Damee Bulchiinsa Gaarii fi Manneenii tiif
- Damee Diizaayinii fi Bulchiinsa Kontirataa tiif
- Tajaajila Seeraa tiif

**BMMMO**

# FOOYAA'IINSA QAJELFAMA WALDAA IJAARSA MANA JIREENYAA OROMIYAA LAKK 15/08 LAKKA 17/2009

Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa

የኦሮሚያ ከተማ ልማትና ቤቶች ቢሮ

Oromia Urban Development and Housing Bureau

GURANDHALAA 2009

FINFINNEE

Mana Galmee
መዝገብ ቤት
Oromia Urban Development and Housing Bureau

**Fooyya'iinsa Qajeelfama Gurmaa'insa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk 15/2008 keewwattoota muraasa irratti taasifame.**

Qajeelfama Gurmaa'insa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk **15/2008** bahe keewwattoota muraasa fooyyessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,akkaataa Dambii Gurmaa'insa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe lakk.181/2008 keewwata **39**'tiin Biiroon Aangoo qajeelfama baasuufi fooyyeessuu ni qaba.

## 1. Mata Duree Gabaabaa

Qajeelfama kun "Qajeelfama Gurmaa'insa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa **lakk.15/2008** Bahe Keewwattoota muraasa fooyyessuu Qajeelfama Lakk. 17/2009 jedhamee waamamuu ni danda'a.

## 2. Fooyya'iinsa

Qajeelfama Lak. **15/2008** keessatti keewwattoonni muraasni akka armaan gadiitti fooyya'ee jira:

1. Dambichaa keessatti keewwata 5(7) tarreeffamni raawwii isaa qajeelfama kan keessatti akka armaan gaditti dabalameera..
   a) Barnootaa fi wal'aansa fayyaaf biyya alaa kan ture yoo ta'e iddo turerraa ragaa dhiyeeffachuu kan danda'u.
   b) Dirqama hojii mootummaaf biyya alaa ykn biyya keessa iddoo jireenyaa dhaabbataa irraa bakka biraa kan ture yoo ta'e,
   c) Miseensa raayyaa ittisa biyyaa soorammaan ykn kabajaan gaggeeffamuu isaa ragaa dhiyeeffachuu qaba.
   d) Hojii diippilomaatiif Mootummaa Naannoo Oromiyaa irraa deemee kan deebi'ee yoo ta'e ragaa dhiyeeffachuu qaba.
2. Qajeelfama keessatti Keewwata 7(3) keessatti dhaabbilee adda addaa kan jedhu akka armaan gaditti fooyya'eera.

Biiroo Misoomaa Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa
የኦሮሚያ ከተማ ልማትና ቤቶች ቢሮ
Mana Galmee
መዝገብ ቤት
Oromia Urban Development and Housing Bureau

Hojjataan manneen hojii fi waldaalee ykn dhaabbilee sadarkaa manneen hojii naannoo Oromiyaa keessa hojjatu Magaalota Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee yookiin magaalota naannichaa biroo filate tokko keessatti gurmaa'uu ni danda'a.

3. Qajeelfamicha Keewwata 7(3)irratti hojjattoonni waldaalee akka gurma'uu akka danda'aan keewwattoonni xixiqqaan armaan gadii dabalamaniiru.
   a) WaldaaleeTajaajila hawaasummaaf naannoon hunda'an
   b) Waldaalee Ogummaa artii fi Ispoortii naannoon hunda'an
   c) Dhaabbilee faayinansii mootummaan naannoo hundeesseefi gahe keessa qabu fi kan biroo kan sadarkaa naannootti beekamtiin kennameefi ni dabalata.
4. Qajeelfama keessatti Keewwatni **15(2(a))** akka armaan gaditti dabalamee jira
   a) Iyyataan gandichaa keessa jiraataa ta'u isaa jiraattota garee fi gooxii isaatiin mirkanaa'ee qaboo yaa'iin kan deeggaramee ta'u qaba.
   b) Ragaa jiraattotaa garee fi gooxiin mirkanaa'e bulchiinsa gandaa dhiyaatee.gandichi tarreeffama maqaa namootaa ragaa isaanii dhiyaate kana guyyoota 15(kudha shaniif) iddoo uummanni dubbisuu danda'utti beeksisa maxxansuun eeruun akka irratti kennamu ni taasisa.
   c) Bulchiinsi gandaa keewwata kana keewwata xiqqaa 2(a-b) tarreeffame erga mirkaneeffatee booda xalayaa deeggarsaa qaama waldaa gurmeessuuf ni barreessa.
5. Qajeelfama keewwata 35 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee keewwattoonni armaan gadii dabalameera.
   *a)* Maqaa miseensaa waldaa tokko nama biraatti jijjiiruun ykn bakka buusuun hin danda'amu.
   *b)* Miseensii waldaa bakka tokko olitti gurmaa'uun hin danda'u.
   *c)* Miseensi waldaan ijaaramee lafti kennameef ragaa abbaa qabeenyummaa kan argatu,ijaarsa xumuree waggaa kudhan booda ta'a.
   d) Miseensi waldaa kamiyyuu waldaa ijaarsa mana jireenyaatiin gurmaa'ee lafa argate du'aan ykn sababa birootiin miseensummaa gadi lakkise maatii isaatiin ala bakka buusuun hin danda'amu.
   e) Miseensi waldaa kamiyyuu lafa mana jireenyaa waldaan gurmaa'ee argate gurgurtanis ta'e haala biroon qaama sadaffaatti dabarsuu hin danda'u.



Biiroo Misoomaa Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa
የኦሮሚያ ከተማ ልማትና ቤቶች ቢሮ
Mana Galmee
መዝገብ ቤት
Oromia Urban Development and Housing Bureau

f) Miseensi waldaa mana jireenyaan ijaarame tokko carraa ijaaramirratti bakka bu'insa seera kennu hin danda'u.

**6. Seerota Raawwatinsa Hin Qabaanne**

Qajeelfamnii fi barmaatileen hojii qajeelfama kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota qajeelfama kana keessatti hammataman irratti raawatiinsa hin qabaatan.

**7. Guyyaa Qajeelfamni kun Hojiirra Itti Oolu**

Qajeelfamni kun 17/06/09 Bara 2009 irraa eegale hojiirra kan oolu ta'a.

**Abiyyii Ahmad Alii**

**Sad.I/A Pireziidaantiitti Hoogganaa BMMM Oromiyaa**